Minneapolis
City of Lakes

# Charterii nagaa uummataa fooyya'e irratti gaaffii yeroo hedduu gaafatamu

## Yaadi wixinee haaraa maali?

Wixinichi wajjira poolisii chaarterii magaalaa keessaa baaseetu waantota nagaa uummataa fi jeequmsa hambisan biroon bakka buusa. Wajjirri haaraan banamu kun tajaajila nagaa hawaasaa dhiyeessa. Kunis karaa hunda galeessa nageenya hawaasaa hordofeen ta'a. Wixinee fooyya'e kana dubbisi.

## Adeemsi filannoo gaaffii ittiin chaarterii kana to'atanii maal fakkaata?

Chaarterichi heera magaalaati. Karaa lamaan gedderamuu yookin fooyya'uu dandaa'a: (1) Yeroo filannoon geggeeffamu sagaleen uummataan. (2). Wixinee yaada haarawaa kan kaawunsiliin magaalaa ykn bulchaan magaalaa dhiyeessun ta'a. Kawunsiliin magaalaa dhimmi haarawinsaa nagaa uummataa kun Sadaasaa 3 uummanni akka sagalee itti kennuuf murteessee jira. Dabalataan adeemsa ittiin charteriin magaalaa fooyyeessan bari.

## Adeemsa kana keessatti Komishiniin Chaarterii ga'ee akkamii taphata?

Komishiniin chaarterichaa jijjiirama charterii keessatti ga'ee barbaachisaa taphata. Haala kana keessatti yaadota barbaachisoo xiinxalee erga ilaalee booda gorsa kaawunsilii magaalaaf kenna. Kan malees Koomishiniin Chaarterii kana :

1. Yaada fooyya'iinsaa kennuu fi uummanni sagalee akka itti kennee murteessuuf qopheessuu malu;
2. Yaada fooyya'iinsaa charteriif dhiyaate kuffisee akka sagaleen itti hin kennamne dhorkuu;
3. Wixinee kaawunsiliin dhiyeesse kan bakka bu'uu fi kaawunsiliin magaalaa akka uummanni yaada itti kennuuf haa dhiyeessu kan jedhu qopheessuu dadndaa'a.

## Miseensonni Komiishinii Chaarterii kanaa eenyufaadha? Akkamiin filataman?

Komiishiniin Chaarterii kanaa nama 15 of keessaa qaba. Hundumti isaanii abbaa murtii olaanaa kan distiriiktiidhaan ramadamu. Miseensonni tokkoon tokkoon isaanii waggaa afur tajaajilu. Galmee miseensa Komiishinii ilaali.

## Gaaffiin gara sagalee kennuutti darbuu fi dhiisuu isaa Charteriin Komishinichaa ni murteessaa?

Lakkii; ga'ee barnaachisaan inni itaphatu gorsuudha. Kan dhumarratti sagalee uummataaf dhiyaachuu dhiisuu wixinee sanaa murteessu Kaawunsilii magaalaati. Haa ta'u malee kaawunsiliin magaalaa utuu chaarteriin komiishinii yaada fi gorsa hin kenniin ofiin wixinee dhiyeessuu hin danda'u. Chaarteriin koomishinichaa akka seera istaatatti guyyaa 150 keessa wixinee sana keessa deebi'ee ilaaluuf dandaa'a. Kunis Hagayya 1, 2020 eegala.

## Akka gaaffichi filannoo uummataan murtaa'uuf kaawunsiliin magaalaa murteessuu danda'aa?

Kaawunsiliin magaalaa wixineen akka uummatatti dhiyaatuu fi yaada inni ittiin dhiyaatu ni murteessa. Gorsa chaarterii Komiishinii erga fudhatee booda kaawunsiliin magaalaa sagalee caaluun tarkaanfii kanaan gadii fudhachuu dandaa'a:

1. Yaada wixinee jalqaba dhiyeesse akka uummanni sagaleen murteessuuf dabarsuu;
2. Yaada wixinee kan koomishiiniin chaarterichaa dhiyeesse kan bakka bu'uu akka yaada uummataan murtaa'uuf dhiyeessuu
3. Wixinee dhiyeessuu dhiisuu dandaa'a.

## Bulchaan magaalaa wixinee kanarratti dhiibbaa akkamii qaba?

Seerri magaala tarkaanfiin kaawunsiiliin fudhata bulchaa magaaliitiin fudhatamuu ykn kufuu qaba jedha. Kanaafuu yaadi kaawunsiliin dhiyeessuu kun bulchaa magaalaatiin deggeramuu qaba. Yoo bulchaa magaalaan fudhatama argate, gara filannoo uummataan murtaa'utti darba.

## Yeroo hagamii keessatti wixineen kun filannoof dhiyaata?

Seerri isteetii guyyaa 74 filannoo dursee yaadi wixinee akka dhiyaatu ajaja. Filannoon bara 2020 kan geggeeffamu Sadaasa 3 waan ta'eef wixineen kun Hagayya 21 dhiyaachuu qaba jechuudha. Yoo yeroo kanatti dhiyaachuu baate waraqaa filannoo irratti uummataaf hin dhiyaatu jechuudha.

## Deggersa hagamii yoo argate darbuu dandaa'a?

Namoota wixinee kanarratti sagalee kennaan keessaa harki 51 yaadicha deggeruu qaba.

## Sagaleen kenname akkamiin lakkaa’ama?

Waraqaa filannoo kan Eeyyee ykn Lakkii jedhanii deebii kennan qofatu lakkaa’ama. Waraqaan deebii of keessaa hin qabne hin lakkaa’amu. Erga waraqaan kun lakkaa’amee booda yoo wixineen fooyya’insaa kun namoota harka 51 deggerame ni fudhatama jechuudha

## Yoo wixineen kun fudhatame yoom hojiirra oola?

Gaafa wixineen dhiyaate akkuma jedhutti Caamsa 1, 2021 hojiirra oola.

## Yoo seerri kun fudhatame dippartimentiin poolisii maal ta’a?

Yoo fudhatameef dippartimentiin poolisii chaarterii magaalaa keessaa baafama. Akkas jechuun Miniyaappolis dippartimentii poolisii hin qabaatu jechuu miti; garuu chaarterii magaalaa keessatti hin hammatamu. Dippartimentii poolisii amma jiru maal goona kan jedhuuf murtiin isaa kan bulchaa magaalaa fi kaawunsilii magaalaati.

## Yoo seerri kun hojiirra oole Minneapolis seera kabachiiftota ni qabaattii?

Yoo seerri kun fudhatame, magaalaan Minneapolis seera kabachiiftota qacaruu itti fufti. Isaanis ‘hooggantoota nagaa’ jedhamu. Wixineen haaraan Minneapolis naga eegdota akka balleessituuf kan dhiyaate miti. Inumaayyuu akka haaraatti dameen nageenya hawwaasaa fi itti yakkaa naga eegdota hayyama Isteetii qaban qacaree hojjechiisa. Kunis murtii bulchaa magaalaa fi kan kaawunsilii magaalaati

## Yoo fudhatama argate, dippartimentii haaraa kana eenyuutu hooggana?

Hoogganaan dippartimentii kanaa bulchaa magaalaa fi Kaawunsiiliidhaan muudama. Namni hojii kanaaf ramadamu hojii seera kabachiisuu irratti muuxannoo kan hin qabnee fi hawaasa bal’aa keessatti kan hojjete ta’uu qaba. Akkasuma fayyaa uummaataa fi haqa eegsisuu keessatti nama muuxannoo qabu ta’uu qaba.

## Charteriin dippartimentii maalidha? Kan amma jiruhoo maali?

Dippartimentiin magaalaa bakka lamatti qoodama. Dippartimentii chaarterii ta'ee fi kan chaarterii hin taanedha. Kanneen chaarterii ta'an hojii mootummaa murteessaa ta'an kan dalaganiidha. Fakkeenyaaf nageenya uummataa, fayyaa hawaasaa fi hojiiwwan hawaasaa kan biroofaa. Warri charterii hin taane ammo hojii magaalaa fiixaan baasuuf kan tumsanidha. Hoggantoonni dippartimentii kan chaarterii ta'ee kallattiin bulchaa magaalaa fi kaawunsilii waliin hojjetu, isaanittis gabaasa dhiyeessu. Kanneen chaarterii hin taane ammo qindeessituu magaalaan ramadamu isaanittis gabaasu. Dippartimentin chaarterii ta'an kudhanidha. Madaaltuu magaalaa, abbaa murtii magaalaa, qindeesisituu magaalaa, Mirga uummataa, Karoorsituu Hawaasaa fi dagaagina dinagdee, Ibiddaa, Fayyaa, Poolisii, fi tajaajila to'annoo kan kennanidha.

## Xiinxalli seeraa waa'ee wixinee haaraaf kenname jiraa?

Wixinee kanarratti xiinxalli gama seeraa hin xumuramne. Komiishiiniin Chaarterii abbootiin murtii magaalaa xiinxala barbaachisu akka godhee yaada itti eda'uuf gaafatamee jira.

## Kutaa nageenya uummataa fi ittisa yaakkaa hundeessuun dhiibba akkamii bajata irratti qaba?

Dhiibbaa wixineen kun gama kanaan qabu xiinxalamee hin xumuramne.

## Kutaa nageenya hawaasaa fi ittisa yakkaa haaraa hundeessuun qomoowwan garaa garaa wal-qixxeessuuf dhiibbaa ni qabaataa?

Dhiibbaa wixineen kun gama kanaan fidi qoratamee hin xumuramne.

## Wixinee kanarratti bulchaa magaalaaf ykn kaawunsiliiif akkamittan yaadakoo kennuu dandaa'a?

Bulchaa magaalaaf yaada kenni yookin Kaawunsilii imagaalaaf yaadakee kenni. Yaadikee ni keessumsiifama.